# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



## Waaqayyo jaalala Abrahaam qore

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus

Kan dagaagsame: M. Maillot; Tammy S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2017 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.


Galgala tokko Waaqayyo abbboommii hin amaleeffatamne Abrhaamiif
kenne.


Sun akka Abrahaam mucaa isaa Waaqayyoon caalchisee jaallatu baruuf
qorumsa kenname ture.


“Ilma kee Yisihaaqiin fuudhii,
aarsaa qalmaa godhii
naaf dhi’eessi”
jedhee
abboome
Waaqayyo.



Yisihaaqiin aarsaa taasisii? Ilma isaa aarsaa taasisuu? Sun Abrahaamiif ulfaataa ture. Inni ilma isaa baay'ee jaallata ture.

Abrahaam garuu yeroo hin hubanne illee taanaan Waaqayyoof abboomamuu bareera.



Ganamaan ka'ee
Yisihaaqii fi hojjetoota isaa
keessaa lama fudhatee
gara gaara
aarsee
deeme.




Utuu hin deemiin, qoraan aarsaaf ta'u qopheeffate.
Abrahaam Waaqayyoof abboomamuu karoorfate.

Guyyaa sadii booda gaarichatti dhi'aatan. Abrahaam, "As turaa" jedhee hojjetoota isaatti hime.




"Deemnee waaqeffannee deebinaa." Yisihaaq qoraan baate;
Abrahaam immoo ibiddaa fi billaa baata ture.

Yisihaaq, “Hoolaan aarsaaf ta’u meerre?” jedhee gaafate.




Abrahaam, “Waaqayyo ofii isaatii hoolaa aarsaa ni qopheessa ilma koo” jedhee deebiseef.

Lachuun isaanii bakka Waaqayyo filate dhufan.



Achitti, Abrahaam iddoo aarsaa ijaaree, fuula Waaqayyoo duratti aarsaa dhi'eessuuf qoraan toora galche.





Abrahaam iddoowwan aarsaa hedduu ijaare. Inni kun garuu ijaaruuf dhuguma ni ulfaata.

Abrahaam Yisihaaqiin hidhee, ilma isaa isa jaallatu iddoo aarsaa irra ciibse.



Abrahaam dhuguma Waaqayyoof abboomamee Yisihaaqiin—tokkicha ilam isaa isa jaallatu aarsaa ni taasisaa?





Eyyee! Abrahaam billaa isaa yeroo ol kaase qarri isaa ni calaqqise.



Garaan isaa miidhameera; garuu Abrahaam Waaqayyoof abboomamuu akka qabu ni beeka ture.


"Dhiisi!" jedhee itti iyye Ergamaan GOOFTIC HAA.


"Amma akka ati Waaqayyoon sodaattu beekeera.

Ilma kee isa tokkicha iyyuu ati anaaf hin mararsiifanne."




Korneessa hoolaa
bosona keessatti
argee, ...


… Abrahaam Yisihaaqiin hiikee qooda isaa korbeessicha qalee aarsaa taasise.


Yisihaaq tarii,
“Akkuma abbaan
koo jedhe, ...


… Waaqayyo qopheesseera" jedhee yaade ta'a.

Abbaa fi ilmi yeroo waaqeffatan, Ergamaan GOOFTICHAA Abrahaamitti dubbate.




"Ijoollee kee keessaa,
sabni hundinuu ni eebbifamu,
sababni isaa ati anaaf
abboomamteetta."

Guyyaa tokko, Yesuus hidda Abrahaam keessaa dhalate.



Abrahaamii fi Yisihaaq gara manaatti deebi’an. Yeroo murtaa’e booda, wanta nama gaddisiiisutu ta’e.



Sahaaraan ni duute. Abrahaam haadha manaa isaa dhabe, Yisihaaq immoo haadha isaa dhabe.



Awwaala booda,
Abrahaam ilma
isaa Yisihaaqiif haadha ...



... manaa akka barbaaduuf hojjetaa isaa isa aanga'aa erge.



Hojjetaan isaas gara mandara Abrahaam durii ...




... deemee
firoota Abrahaam
keessaa haadha manaa
barbaade.

Hojjetaan sun Waaqayyoon mallattoo gaafate. "Mucaan durbaa isheen gaalota koo bishaan naaf obaastu Yisihaaqiif haadha manaa haa taatu."



Battalumatti Ribqaan bishaan kenniteef. Isheen firoota Abrahaam keessaa tokko turte. Hojjetichi akka Waaqayyo kadhannaa isaa isaaf deebise ni beeke.




Ribqaan Yisihaaqitti heerumuuf warra ishee dhiistee deemte.

Isheen du'a haadha isaa booda isa jajjabeessite.



Waaqayyo jaalala Abrahaam qore

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Uumamaa 22-24

“Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna.”
Faarsaa 119:130

# Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16